

# Odeeffannoo STD

Syphilis (“Syph”, “The Pox”) - Oro

## Wurdee

(baakteeriyaa *Treponema Pallidum* jedhamuun dhufa)

### AASXESSA FI MUL'ATA

Sadarkaa 1ffa (wurdee isa jalqabaa)

- Guyyaa quunnamtiirraa eegalee torban 1-12 itti mula'ata
- Madaa dhukkubbii hin qabne naannoo afaanii, qaama saalaa akkasumas hudduurratti mul'ata
- Madaan dhagna dubartii ykn hudduu keessaa torban 1-5 itti "dhokachuu" ni danda'a
- Madaan ni bada garuu dhibeen isaa dhiiga keessa tura

Sadarkaa 2ffaa (wurdee sadarkaa lammataa)

- Madaan erga argamee mul'atni isaa troban 6 hanga baatii ja'aatti tura
- Dhaqna irratti waan akka cittootu baha
- Mul'ata utaalloo fakkaatutu mul'ata

Sadarkaa isa booddee

- Madaan ykn cittoon hin mul'atu, garuu fanxoon ammayyuu dhiiga keessa jira. Onnee, sammuu akkasumas qaama biroo hunda miidhuu ni danda'a (wurdee isa ture)

### HAALA DADDARBIINSA ISAA

Wurdeen haala armaan gadiitiin darba:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagnadubartii
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa hudduuhaan
- Haadha dhukkubsattuorraa gara daa'ima reef dhalatuutti

### XAAXAWWAN/BOODDEE

Wurdeen yoo wal-dhaanamuu baate dhibeewwan armaan gadii fida:

- Dhukkuba onnee
- Ija jaamsuu
- Miiddhaa sammuu

Wurdeen yammuu ulfaa miiddhaa armaan gadii geessisuu ni danda'a:

- Dubartiin ulfi da'ima du'aa da'uu ni dandeessi
- Daa'ima miiddhaa qabu da'uu ni dandeessi
- Miiddhaa sammuu, sombaa, tiruufi qaama dhaqnaa biroo fiduu ni danda'a

### ITTISA

Odeeffannoo haala daddarbiinsa wurdee hir'isuuf fayyadan:

- Madaan naannoo dhagna dubartiitti kan *latex kondomiitiin* aguugamanitti dhalachuu ni

danda'a. Akkasumas naannoo hin aguugamni ykn hin ittisamnetti dhalachuu ni danda'a. *Latex kondomiin* yoo sirriitti maa'ii itti ba'ame carraa wurdeen daddarbuuf qabu hir'isuu ni danda'a.

- Quunnamtii saalaa hudduudhaan ykn dhagna dubartiin yammuu gootu yeroo hundaa *latex koondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin meeshaa dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa dhagna dubartii arraabuun ykn karaa hudduu yoo goote ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn koondomii lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xinneessi
- Dhibee kan qabaachuufi dhiisuu kee dooktoroora ykn dhiyeessitoota fayyaa biroorraa xiinxala godhaddhu
- Yoo qabamte namoota quunnamtii foonii waliin gootu hunda beeksisi
- Namootni ati quunnamtii saalaa waliin gootu ilaalamuu fi waldhaanamuu isaanii mirkaneessi

### DAWAA/YAALA

Dawaa Wurdee:

- Dawaa dooktora biraa fudhatamuun wurdeen ni fayyaa
- Namootni sii wajjin quunnamtii saalaa qabanis yaalamuu qabu

HUBADDHU: Nammi erga yaalamee fayyee boode deebisee qabamuu ni danda'a

### ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAME:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division  
STD and HIV Section

Minnesota Department of Health

P.O. Box 64975

St. Paul, MN 55164-0975

(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY [www.health.state.mn.us](http://www.health.state.mn.us)

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa

(Minnesota Family Planning and STD Hotline)

1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)

[www.stdhotline.state.mn.us](http://www.stdhotline.state.mn.us)

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,

STD tiifi AIDS

(CDC National STD and AIDS Hotlines)

1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; [www.cdc.gov](http://www.cdc.gov)